# ERGAA YOHAANNIS ERGE –2ffaa

**1Maanguddicha irraa,**
Gara haadha warraa filatam-
tuu fi ijoollee ishii, warra ani
dhugumaan jaaladhu, warra ana
qofa otoo hin ta'in warri dhugaa
beekan hundi akkasuma isaan
jaalataniitti; 2Kunis Sababii
dhugaa nu keessa jiraatuu fi isa
barabaraan nu waliin jiraatu
sanaatiif:
3Ayyaanni, araarrii fi nageenni
Waaqayyo Abbaa biraa, Yesuus
Kiristoos Ilma Abbaa biraas,
dhugaa fi jaalalaan nu waliin ni
ta'a.
4Ani waan ijoollee kee keessaa
tokko tokko akka isaan akkuma
Abbaan nu ajajetti dhugaan
jiraatan argeef baayee gammad-
eera. 5Ammas Yaa haadha war-
raa jaalatamtuu, ani ajaja duru-
maa jalqabee nuu kenname sana
malee ajaja haaraya sii barrees-
suutti hinjiru; akka wal-jaalannuufis
sin kadhadha. 6Jaalallis kana;
kunis ajaja isaatiif ajajamnee
jiraachuudha;. akkuma isin du-
rumaa jalqabdanii dhageettan
sana ajajni isaa akka isin jaala-
laan jiraattanii dha.
7Dogongorsitoonni akka Yesuus
Kiristoos fooniin dhufe amananii[a]
dhugaa hin baane[b] baay'een
biyya lafaatti gadi ba'aniiru;
namni akkanaa kamiyyuu
dogongorsituu dha; Kiristoosi-
inis ni morma. 8Isin immoo akka
badhaasa guutuu argattan malee
akka waan itti dadhabdan sana
hindhabneef uf eegadhaa.
9Namni barsiisa Kiristoosiitiin
hin jiraanne kan barsiisa sana
keessaa ba'u kamiyyuu Waaqa
hin qabu; namni barsiisa Kiris-
toosiitiin jiraatu hundinuu im-
moo, Abbaas Ilmas qaba. 10Isin
yoo namni kamiyyuu gara kees-
san dhufe garuu barsiisa kana
hinfidin, mana keessanitti ol isa
hingalchinaa; yookaan isa hinsi-
matinaa. 11Namni isa simatu
kamiyyuu hujii isaa hamaa sana
keessatti qooda qabaataatii.
12Ani waan isinii barreessu
baayee qaba; ta'us waraqaa fi
halluutti fayyadamuu hin bar-
baadu; qooda kanaa akka gam-
machuun keenya guutuu ta'uuf
ani gara keessan dhufee, wal-
agarree akka isin waliin haasa'u
abdii nan qaba.
13Ijoolleen Obboleettii tee tan
filatamte sanaas nagaya sii
dhaamu.

[a]7 ykn *dhugeeffatanii;* [b]7 ykn *hinragees-sine/hindhugeessine*